NU QUUNNAMAA

Waa'ee Seattle Streetcar odeeffannoo dabalataa yoo barbaaddan, maaloo weebsaayitii keenya: **seattlestreetcar.org** daawwadhaa

facebook.com/SeattleStreetcar **@TheStreetcar**

Qooqawwan kanneen biroo fi foormaatiiwwan bira gahaman: Odeeffannoon kun qooqawwan kanneen biroon, maxxansa guddaan, Braille, ergaa elektiroonikii, ykn tooftaalee bira gahiinsaa kanneen biroon ni kennama. Lakk (206) 615-1070 bilbilaa.

如果您需要翻译此信息，请拨打 (206) 615-1070。

如果您需要翻譯此信息，請撥打 (206) 615-1070。

Si necesita traducir esta información al español, llame al (206) 615-1070.

Nếu quý vị cần phiên dịch thông tin trên phiếu này, vui lòng gọi (206) 615-1070.

本情報の翻訳が必要な場合は、(206) 615-1070 までお電話ください。

STREETCAR OOFUU

- Streetcar bira gahuu ykn qabachuuf daandiirra **ykn konkolaattota keessa hin fiigiinaa.**
- Yeroo hundumaa daandii **bakka cehumsaa ykn qaxxaamuraa mallattoon itti taasifametti cehaa.**
- **Wayita streetcar isin bira gahuu fi ka'u pilaatfoormii bifa** keelloo dibame qarqara irraa fagaadhaa. Naannoo keelloo dibame sanarra hin dhaabbatiinaa.
- **Isin gara Streetcar seenuu keessaniin dursa** namootni keessa jiran haa harca'an.
- Namootni wiilcheeriiwwan ykn istiroolaroota fayyadaman mallattoo (furtuu) streetcar alarraan ykn keessaan jiru tuquun meeshaa olkaaftuu (liiftii) feetu fayyadamuu ni danda'u.
- Streetcar wayita maarshii jijjiiru ykn saffisa isaa dabalu madaala keessan akka salphaatti waan dhabdaniif. Streetcar irra dhaabbachaa jirtu taanaan **hirkannoo harkaa fayyadamaa.**
- Sagaleen cufamuu balbalaa wayita dhagaámutti balbalawwan hin fayyadamiinaa.



Daandii karaa lamaan ilaalaa

Daandiibaaburaatti-hinhirkatiina



SOUTH LAKE UNION
(SAAWUZ LEEK YUUNIYEN):

Wixataa - Kibxata:
6 am - 9 pm

Jimaata – Sanbata:
6 am - 11 pm

Dilbata & Guyyoota Ayyaanaa:
10 am - 7 pm



FIRST HILL
(FIRISTI HIIL):

Wixataa - Kibxata:
5 am - 1 am

Jimaata – Sanbata:
5 am - 1 am

Dilbata & Guyyoota Ayyaanaa:
10 am - 8 pm

Oromo

SEATTLE STREETCAR

Nageenya keessaniif of'eeggannoo ni taasifna

Dhaabbadhu, Ilaali & Dhaggeeffadhu

City of Seattle all aboard

VISION ZERO SAFER STREETS FOR SEATTLE

SDOT Seattle Department of Transportation

WALIIGALA

- Sagaleen Streetcars **TASGABBAA'AA dha**.
- Barbaachisaa wayita ta'utti Streetcars **bilbilawwan fi faaggaawwan** akeekkachiisaa ni dhageessisu.
- Dallaan ykn ittisni konkolaattota, **dhokdhokkeewwan fi imaltoota lafoo** fa'a streetcars irraa addaan baasu kamuu hin jiru.
- Streetcars **kunneen gufuu irraa** miliquuf kallattii kan hin jijjiirre yommuu ta'u – konkolaattota jala ni seenu.
- Streetcars darbee darbee mallattoo tiraafikaa ofii isaanii kan qaban yommuu ta'u wayita **konkolaattotni biroon daandii hin qaxxaamurretti isaan cehuu ni danda'u.**

Streetcars kallattii jijjiirrachuu hin danda'an.

NAMOOTNI IMALAA JIRU

- Konkolaattota Streetcar **daandii bakka cehumsaa ykn qaxxaamuraa mallattoon** itti taasifametti cehaa.
- Yeroo hunda konkolaattota streetcar wayita qaxxaamurtan **daandii gam lachuu ilaalladhaa.**
- Wiilcheerii, **kiraanchii fi istiroolaraan wayita qaxxaamurtan, gommaan sarara** konkolaataa irratti wal hin qabanneef fuulleen cehaa.
- **Heedfoonii of irraa fuudhaa ykn bilbilawwan** hin dubbisiinaa. Wayita sana bilbila ykn faaggaawwan dhageessiftuu sagalee streetcar salphaatti ni dhageessu.

Daandiizabiraaykn-cuccurreefayyadamaa

NAMOOTNI SAAYKILII OOFAA JIRU

- Sararri konkolaataa gommaa saaykilii caalaa baldhaa waan taéef, gommaan keessan **waan wal qabatuuf kufaatii ittisuuf jecha streetcar** fuulduraan qaxxaamuraa.
- Gommaan keessan sarara **konkolaataa irratti qabamuu waan** danda'uuf gulantaa **irra keessaan saaykilii hin oofinaa!**
- Wayita jiraatutti, **sarara saaykilii ykn iddoowwan qaxxaamuraa saaykilii fayyadamaa.** Sarara streetcar irratti saaykilii hin oofinaa.
- **Konkolaattotni waan mucucaataniif,** saaykilii keessan wayita baay'ee ho'an ykn cabbaa'an streetcar gidduudhaa ceesifachuuf dhiibbachaa deemuutu isiniif filatama.
- **Sarara addatti streetcars'tiif dhorkame keessa** hin seeniinaa. Sararootni kunneen mallattoon kan agarsiifaman yommuu ta'u daandii irratti ni jijjiiramu.
- **Mallattoo harkaa** ifa ta'e fayyadamaa. Wayita kana streetcars ykn konkolaachiftootni biroon yaada keessan salphaatti isiniif hubatu.

Konkolaattota fuulduraan qaxxaamuraa

NAMOOTNI KONKOLAACHISAA JIRU

- Streetcars **dudduuba dhaabbachuuf qophaa'i. Streetcars** imaltoota fe'uuf sarara **keessa dhabbatu.**
- Daandii cehumsaa streetcar keessa ykn sararawwan saaykilii'tiif dhorkame keessa **tasa hin dhaabbatiinaa, idle motora hin dhaamsiinaa ykn** paarki hin taasisiinaa.
- Konkolaattotni wayita jiidhina qabaatan ykn cabbaa'an – mucuucaachuu waan danda'aniif of eeggannoo taasisaa.
- **Imaltoota lafoo** streetcar qabachuuf fiigan ykn irraa bu'an ykn daandii qaxxaamuraa jiran ilaalladhaa.
- Konkolaataa streetcar keessanirra **dabsituu farafaangoo yoo qabaattan,** fi kana gochuun nageenyaaf mijataa yoo ta'e konkolaataa keessan kaasaati, gara sarara paarkiingi ykn gara bakkeewwan eegaman kanneen birootti socho'aa.
- Balbala konkolaataa keessanii banuu keessaniin dura **streetcar dhufaa jiraachuu fi dhiisuu isaa ilaalaati qulqulleeffadhaa.**
- Meeshaalee wayita feetanii fi buuftan **daandii streetcar irra mi'oota hin kaa'iinaa.**